YOOM AKKA HOSPITAALA WAAMMATANI

DUBARTII ULFA GARA DHUMAA KEESSA JIRTUUF GORSA

the women's
the royal women's hospital
victoria australia

Yeroo tokko tokko ulfa gara boodaa keessa, jijjiramoonni dubartoota yaadessuu danda'an uumamuu malu. Yaaddoowwan kunneen baay'een isaanii kaasuudhaan beellama kilinikaakee irratti mariyatamuun ni danda'ama, haata'u malee, hanga danda'ame hatattamaan gaariin ammo deessistuu waliin mari'atamuu qaba.

Hospitaala yeroo akkamii waamuun narra jiraa?

Yoo kan taatu ta'e hospitaala qunnamuun sirra jira mallattoowwan itti aanan keessa kan si mudatan yoo uumame:

- Yoo bishaan gubbeekee dhangala'eef (kun walitti butamuun ciniinsuu jalqabuun dura ykn booda jalqaba).
- Yoo dhiigni qaama saalaa malaa kan fakkaatu hin qabne qabaatte. Dhiigni qaamni saalaa kan waan akka malaa hedduu waliin jiru ta'e 'show' kun ammo mallattoo ulfi haala nagaa ta'een deemaa jira jechuudha. Yoo yeroo wallaansaaf seentu qorannoo qaama saalaa taasifatteetta ta'eef 'show' qabaachuu ni dandeessa.
- Walitti butamuun jiru baramaa, kan sekondii 30f turuufi daqiiqaa 5 caalaa kan walitti dhiyaatu yoo ta'e.
- Yoo sodaatte ykn maaltu akka ta'aa jiru hin beekne ta'e
- Dhukkubbaa to'achuudhaaf qoricha ni barbaadda yoo ta'e.
- Kan sitti hin dhaga'amne yoo ta'e mucaankee ni sosocho'a.

Eenyuu waamuun qaba?

Waa'ee yaaddoo kanaa kamiyyu hospitaalatti yoo deessistuu waliin dubbachuu barbaadde, karaa kanaa bilili **(03) 8345 3635**. Gaaffii waliigalaatiif bilbila kanaan hin bililiin.

Yoon ciniinsuu keessan jira ta'e?

Dubartoota tokko tokkoof ciniinsuun osoo sirriitti hin ho'iin dura wallaansaaf si'a tokkoo ol galuun waan hin baramne miti, keessumaa ammo kun yoo mucaakee jalqabaa ta'e.

Yeroo tokko tokko ciniinsuun jalqabaa ciniinsuu sadarkaa sobaa, ykn ciniinsuu duraa jedhamee beekama. Yeroo jalqabaatiif daa'ima deessa yoo taate, ciniinsuun duraa saatiiwwan, guyyoota ykn torbeewwan muraasaaf turuu danda'a.

Kottoonfachuun yeroo kana sitti dhaga'amuu malu gadameessikee (kokeen/fiixeen gadameessakee) akka lallaafuufi dhifamuun, bal'atee caalaatti banamuuf qophaa'u taasisa. Dubartoonni garri caalan kottoonfannaa akkuma dhukkubbii yeroo laguun ji'aa dhufuutti isaanitti dhaga'ama.

Gara hospitaalaa yoom dhufuun qabaa?

Dubartootafi daa'imman nagaa qaban, jiini isaanii guuteef, yeroo sadarkaa ciniinsuu kanaatti manatti dabarsuutu jechuun nutti himu qorattoonni. Nagaafi kan jiini guute jechuun ulfi kee yeroo da'umsaa sirrii torbeewwan 37 ol ta'ee atiifi mucaan kee nagaadha jechuudha.

Haala dhuunfaakeetii ilaalchisuudhaan odeeffannoo addaa kamiyyu yoo siif kenname, qajeelfamoota addaa sana hordofi maaloo.

Manatti, naannoo keetiitti bilisummaa mataakeetii ni qabda. Nyaachuu, rafuufi akka saffisa ofiikeetiitti naannoo keessa deemuu ni dandeessa.

Qaamakee dhaggeeffachuun wanta sirrii fakkatee sitti dhaga'ame godhi. Muuxannoonkee addatti kanumakee akka ta'e yaadadhu.

SADARKAA/HANGA CINIINSUUN IRRA JIRU	MIIRA NAMATTI DHAGA'AMU	WAAN TA'AN	YAADAWWAN GARGAARAN
Ciniinsuu duraa Gadameessi dhifamuu jalqabuu Kottoonfannaa sobaa dhufee badu, gababaa Guyyoota muraasaaf turuu danda'a	Gammaddee, sodaa 	Waan malaa fakkaatu dhiigaan makame Dhukkubbii dugdaa Dhukkubbii garaa gara gadii (kan dhukkubbii yeroo laguu ji'aa) Yeroo tokko tokko garaa kaasaa Yeroo tokko tokko bishaan gubbee dhangala'uu Tarii dadhabbiin sitti dhaga'amuu danda'a	Jireenya akka sirriin barametti Naannoo keessa deemi, of ko'oommachiisi Yoo si barbaachise boqodhu
Sadarkaa 1ffaa: sadarkaa jalqabaa(sa'aatii 8-16) Gadameessi sm 0–4 banama (saaqama) Kottoonfachuun sirrumaan, daqiiqaa 5–20 walirraa fagaata, sekondii 20–40 tura	Gammaddee, sodaa 	Tarii dadhabbiin sitti dhaga'amuu danda'a Waan malaa fakkaatu dhiigaan makame Dhukkubbii dugdaa Dhukkubbii garaa gara gadii (kan dhukkubbii yeroo laguu ji'aa) Yeroo tokko tokko garaa kaasaa Yeroo tokko tokko bishaan gubbee dhangala'uu	Itti fufii nyaadhuu dhugi (yero hedduu xiqqoo xiqqoo godhii) Naannoo keessa deemi, of ko'oommachiisi Yoo si barbaachise boqodhu Garaa garummaa saatii lama lamaan bokokseekee qullaa taasisi Kottoonfachuukee yeroo qabiif (jalqabii isa tokkoo irraa jalqabbii kan isa itti aanuuu) Hospitaala yaammadhu
Sadarkaa 1ffaa: Sadarkaa ho'aa (saatii 3-5) Gadameessi 4–8cm baname Kottoonfannaandaqiiqaawan 3–7 walirraa fagaatu, sekendiiwwan 50–60 turu	Dadhabaa dhufuu, boqonnaa dhabuu 	Kottoonfannaan, cimaafi baramaadha Itti muddaa, dhukkubbii garaa gara jalaa Dhukkubbiin dugdaa itti fufuu danda'a Guutummaatti ciniinsuurratti xiyyeeffachuu Namoota deggeran irratti hirkachuu Waan malaa fakkaatu dhiigaan makame Bishaan gubbee dhangala'uu danda'a	Argansuu/hafuura baafannaa dheeraa fayyadami Xiyyeefannaa Shaaworii ho'aa fudhadhu ykn kafana waan ho'aa fayyadami Kallattiiwwan jijjiiri Kottoonfannaawwan gidduutti boqodhu Dhangala'aawwan unadhu/waan miyaa'oo hodhu/xuuxi
Sadarkaa 2ffaa: dhiibuu (saatiiwwan1/2-2) Gadameessi guutummaatti banama (10cm) Kottiinfannaan daqiiqaa 2–5 walirraa fagaata,sekendiiwwan 60–90 walirra fagaata	Cimanii hojjechuu 	Kottoonfannaa walirraa fageeessuu Dhukkubuun baayyee hin sardu, dhuubbaa caalaa Dhiibuudhaaf ni sarda Ni dhifama, akkuma mataan mucaa gadi dhiyaataa dhufeen gubaa deema	Kottoonfannaan dhiibi (of ilaalee fayyadami) Kottoonfannaawwan gidduutti boqodhu Urgooftuu qabbanooftuu ykn filiitii fuulaafi mormatti biifuu Namoota gargaaruudhaaf dhaggeeffadhu. Yeroo akka mataan mucaa ba'uuf boqotaa dhiibduuf si sardu keessatti afuura baafachuu si barbaachisuu danda'a

MIRKANEEFFANNOO Baxxee/unki kun odeeffannoo walii gala qofa dhiyeessa. Waa'ee daa'imakeetii ykn fedhiiwwan kunuunsa fayyaakeetii gorsa addaatiif, ogeessa fayyaakeetiirraa argachuu qabda. Hospitaalli Dubartootaa Royal ogeessa fayyaa bira deemuurra raga baxxee/unka kanarra jiru irratti hundaa'uudhaan rakkoo qaqqabu ykn miidhaa uumamuu maluuf itti gaafatamummaa tokkollee hin fudhatu Yoo ati ykn daa'imnikee wallaansa fayyaa atattamaa kan barbaadu ta'e, kutaa wallaansa balaa tasaa sitti dhiyoo jiruu qunnami
© The Royal Women's Hospital 2017